www.abyssinialaw.com

LABSII LAKK. 1183/2012
LABSII SEERA ADEEMSA BULCHIINSA FEDERAALAA

THE AFAN OROMO TRANSLATION OF THE FEDERAL ADMINISTRATIVE PROCEDURE PROCLAMATION NO.1183/2020

ACKNOWLEDGEMENT

The translation and publication of the Federal Administrative Procedure Proclamation was done by Ethiopian Lawyers Association in partnership with USAID's *Feteh* (Justice) Activity in Ethiopia as part of their efforts to build on the capacity of civil society organizations which are involved in governance and judicial reform efforts.

This publication was made possible through the support of the American people through the United States Agency for International Development (USAID). The content and opinions expressed in this document in no way reflect the views of the USAID.

Maxxansi kun hojii irra oolu kan danda'e deeggarsa uummata Ameerikaa karaa Ejeensii Misooma Intarnaashinaalii Ameerikaati (USAID). Qabiyyee fi yaadi dokumantii kana keessatti ibsame ilaalcha deeggarsa uummata Ameerikaa karaa Ejeensii Misooma Intarnaashinaalii Ameerikaa (USAID) kara kamiin iyyuu hin calaqqisiisu.

www.abyssinialaw.com

LABSII LAKK. 1183/2012
LABSII SEERA ADEEMSA BULCHIINSA FEDERAALAA

THE AFAN OROMO TRANSLATION OF THE FEDERAL ADMINISTRATIVE PROCEDURE PROCLAMATION NO.1183/2020

www.abyssinialaw.com

Rippaablika Dimookraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaa

Nagaariit Gaazeexaa Federaalaa

To'annoo Mana Maree Bakka Bu'oota Mootummaa

Rippaablika Dimookraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaatiin kan bahe

Waggaa 26ffaa Lakk.32

Finfinnee, Bitootess 29, 2012

Qabiyyee

Labsii Lakk. 1183/2012

Labsii Seera Adeemsa Bulchiinsa Federaalaa

Fuula ……..… 1

LABSII LAKK. 1183/2012

LABSII SEERA ADEEMSA BULCHIINSA FEDERAALAA RAGGAASISUUF BAHE

Heerri Mootummaa Rippaablika Dimookraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaa haalli adeemsa hojii mootummaa iftoomina akka qabaatuu fi hojjataan mootummaa kamiyyuu dirqama hojii isaa keessatti balleessaa isaatiif itti-gaafatamummaa akka qabu kan tumame waan ta'eef;
Ejansiiwwan Bulchiinsaa giddu-lixummaa mirgootaa fi fayidaalee ummataa irratti raawwatanirraa akka of qusatan mirkaneessuun barbaachisaa waan ta'eef;

Gatii tokkoo

Lakk. Poostaa Nagaaritaa 80001

Haala kenniinsa murtii ejansiiwwan bulchiinsaa, akkasumas, adeemsii fi qajeeltoowwan qajeelfama ittiin baasan irratti namootni komii qaban, seerummaan murtiiwwaniifi qajeelfamoota baasanii gama mana murtiitiin akka qoratamu gochuun haqni bulchiinsaa akka mirkanaa'u taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;

Akkaataa Heera Mootummmaa Rippaablika Dimookraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaa keewwata 55 (1)tiin kan kanatti aanu labsameera.

www.abyssinialaw.com

KUTAA TOKKO
TUMAALEE WALIIGALAA

1. Mata-duree Gababaa

Labsiin kun "Labsii Seera Adeemsa Bulchiinsa Federaalaa Lakk 1183/2012" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kan keessatti;

1) "Qaama Bulchiinsaa" jechuun qaama raawwachiiftuu mootummaa Rippaablika Dimookraatawaa Federaalaa Itiyoophiyaa ta'ee waajjira mootummaa seeraan hundaa'e ta'ee fi qaama raawwachiiftuu bulchiinsa magaalaa itti-waamamni isaanii mootummaa federaalaatiif ta'e ni dabalata.
2) "Qajeelfama" jechuun aangoo bakka-bu'uummaa seera-tumtuun itti kenname bu'ureeffachuun seera qaama bulchiinsaatiin bahuu fi mirgootaaf faayidaa ummataa irratti bu'aa fidu ta'ee seera qajeelfama fooyyessu yookin haqu ni dabalata.
3) "Murtii Bulchiinsaa" jechuun qajeelfama baasuu osoo hin dabalatin; hojii guyya-guyyaa isaatiin qaamni bulchiinsaa mirgaa fi faayidaa ummataarratti murtii bulchiinsaa kennu jechuu dha.
4) "Nama" jechuun nama uumamaa yookin qaama namummaan seeraan keennameef jechuu dha.
5) Labsii kana keessatti saala dhiiraatiin kan tumame saala dubartiis ni dabalata.

3. Daangaa raawwatiinsa

1) Labsiin kun qaamolee bulchiinsaa hunda irratti raawwatiinsa kan qabaatu ta'ee, hojii Abbaa Alangaa fi Poolisii bu'uura Seera Adeemsa Falmii Yakkaatiin hoogganamu akkasumas qaamolee nageenyaa fi ittisa biyyaa irratti raawwatiinsa hin qabu.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus, qaamoleen kun itti gaafatamummaa isaanii ijoo cinaatti tajaajila kennuufi hojii to'annoo isaanii ilaalchisee yommuu qajeelfama baasaniifi murtii bulchiinsaa murteessan bu'uura labsii kanaatiin hoogganamu qabu.
3) Labsii kana keewwata 11 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Baankiin Biyyoolessaa sharafa biyyattii fi dhala yommuu murteessu fi dhimmoota iccitii wal-fakkaataa biroo yommuu baasu bu'uura labsii kanaa keewwata 7-10 jalatti dirqamoota tumaman hordofuuf dirqama hin qaban.

www.abyssinialaw.com

KUTAA LAMA
QAJEELFAMOOTA BULCHIINSAA
KUTAA XIQQAA TOKKO
QAJEELFAMA BAASUU

4. Qajeelfama Baasuu

1) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu bakka bu'ummaa aangoo seeraan itti kennameen qajeelfama baasuu ni danda'a.

2) Qaamni bulchiinsaa qajeelfama kan baasu bu'uura adeemsa labsii kanaan tumameen qofa ta'uu qaba.

3) Namni kamiyyuu mirga yookin fayidaa isaa ilaalchisee qaama bulchiinsaa qajeelfama hin baafanne irraa ta'us mirga murtii bulchiinsaa gaafachuu ni qaba.

4) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baasuu qabu baasuu dhabuun isaa aangoo seeraan itti kennameen tajaajila yookin murtii bulchiinsaa kennuu dhabuu isaatiif sababa ta'uu hin danda'u.

5. Yeroo Qajeelfamni Itti Bahu

Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baasuu qabu ilaalchisee seera haadhoo irratti qajeelfamni akka bahu haala dirqamaan yommuu tumame ji'oota sadii keessatti, haala dirqamaan kan tumame yoo hin taane ammoo yeroo sababaawaa ta'e keessatti qajeelfama baasuu qaba.

6. Qajeelfamni Akka Bahu Gaaffii Dhiyeessuu

1) Namni kamiyyuu qaamni bulchiinsaa tokko qajeelfama baasuu qabu yeroo itti baasuu qabu keessatti yoo baasu baate qajeelfamicha akka baasu barreeffamaaan gaafachuu ni danda'a.

2) Qaamni bulchiinsaa gaaffiin dhiyaateef guyyoota soddoma keessatti adeemsa qajeelfama baasuu jalqabuu yookin sababa ibsuun gaafficha kufaa taasisuu qaba.

KUTAA XIQQAA LAMA
HAALA ADEEMSA QAJEELFAMA BAASUUN DURAA

7. Galmee Haala Qajeelfama Ittiin baasan ilaalu Hundeessuu

1) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baasu ilaalchisee galmee waantota armaan gadiitti tarreeffaman itti galmeessu hundeessuu qaba: -

   a) Mata-duree dhimma qajeelfamni wixinee qaama bulchiinsaatiin ilaalamaa jiruu fi gabatee yeroo qajeelfamni itti bahu;

   b) Odeeffannoo waa'ee sadarkaa qophiin wixinee qajelfamichaa irra jiru;

   c) wixinee qajeelfamichaa ilaalchisee beeksisota maxxanfaman;

   d) Yeroo yaadni wixinee qajeelfamichaa irratti kennamu;

   e) Wixinee qajeelfamichaa ilaalchisee bu'uura labsii kanaa keewwata 8 fi 9tiin yaadota walitti qabamanii fi yaadota kanneen irratti ejjannoo qaama bulchiinsichaatiin qabaman;

2) Namni kamiyyuu bu'uura keewwata kanaa kewwata xiqqaa (1)tiin galmee ijaaramu ilaaluu yookin baasii barbaachisaa ta'e kanfaluun fudhachuu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

8. Beeksisa Baasuu

Qaamni bulchiinsaa qajeelfama baasuun duratti waa'ee wixinee qajeelfamichaa gaazexaa tatamsa'ina bal'aa qabuunii fi toora weebsaayitii qaama bulchiinsichaa dabalatee midiyaalee birootiin beeksisa odeeffannoo armaan gadii ofkeessaa qabu baasuu qaba:-

1) Aangoo seeraa qajeelfamicha baasuuf bu'uura ta'ee fi dhimmoota qajeelfamichaan haguugaman;
2) Kooppii wixinee qajeelfamichaa argachuun kan danda'amu ta'uufi haala itti argamu;
3) Wixinee qajeelfamichaa irratti namootni yaada isaanii yoomii fi haala kamiin dhiyeeffachuu akka danda'an;
4) Galmee labsii kana keewwata 7 jalatti tumame irratti odeeffannoowwan kaa'aman eessaa fi yoom argachuun akka danda'amu odeeffannoo ibsu.

9. Wixinee Qajeelfamichaa Yaadaaf Erguu

1) Qaamni bulchiinsaa bu'uura labsii kana keewwata 8 jalatti tumameen wixinee qajeelfamaa hawaasaaf beeksise kana, yaada isaanii akka kennaniif qaamolee bulchiinsaa dhimmi ilaallatu fi shoora-qoddattoota birootiif erguu qaba.
2) Qaamoleen bulchiinsaa dhimmi ilaallatuu fi shoora-qoddattootni biroo wixinee qajeelfamichaa irratti yaada yoo qabaatan yeroo qaamni bulchiinsaa kun murteessuu keessatti yaada isaanii barreeffamaan erguu qabu. Yeroon qaama bulchiinsaa kanaan murtaa'u kun haala kaminuu guyyaa 15nii gadi ta'uu hin qabu.

10. Waltajjii Marii Qoppheessuu

1) Qaamni bulchiinsichaa wixinee qajeelfamichaa irratti yeroon yaada barreeffamaan fudhachuuf murtaa'e erga dhumeen booda osoo qajeelfamichi hin ragga'in dura waltajjii marii namni fedhii qabu kamiyyuu irratti hirmaachuu danda'u qopheessuufi galtee fudhachuu qabu.
2) Namni bu'uura labsii kana keewwata 9tiin carraa hirmaannaa hin arganne kamiyyuu yaada isaa barreefamaan dhiyeessuu ni danda'a.
3) Qaamni bulchiinsaa kun waltajjii marii qopheessu irratti yeroo gahaan yaadota garagaraa keessummeessuuf dandeessisu ramaduu qaba.

11. Adeemsa Irraa Bilisa Ta'uu

1) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama yommuu qopheessu haalotni armaan gadii yommuu guutaman dirqamoota labsii kana keewwata 7 hanga 10 jala jiran irraa bilisa ta'uu ni danda'u: -
   a) Haala yeroo ariifachisaa jiraachuutiin adeemsa dirqamoota kana keessa darbuuf haalli yeroo kan hin hayyamne yoo ta'e;
   b) Beeksisa dursaa baasuun faayidaa uummataa kan miidhu ta'ee yoo argame; yookin
   c) Beeksisa dursaa baasuun raawwatiinsa qajeelfamichaa faayidaa malee kan taasisu yoo ta'e;
2) Qaamni bulchiinsaa yommuu qajeelfama baasu bu'uura keewwata kanaa keewwata xiqqaa (1) n sababa dirqama irraa bilisa isa taasise ibsa isaa tarreeffamaan qopheessuu qaba.

www.abyssinialaw.com

KUTAA XIQQAA SADI
QAJEELFAMA RAGGAASISUU FI HAALA RAAWWII

12. Haala fi Yeroo Qajeelfamni Itti Ragga'u

1) Qaamni bulchiinsichaa wixinee qajeelfamaa qophaa'e irratti bu'uura labsii kana keewwata 9 fi 10 murtaa'een hanga yeroon yaada barreeffamaan itti dhiyaatu fi waltajjii mariin itti gaggeeffamu darbutti qajeelfama raggaasisanii baasuun hin danda'amu.

2) Qaamni bulchiinsichaa qajeelfamicha osoo hin raggaasisin dura yaada wixinee irratti dhiyaate ilaalcha keessa galchuu qaba.

3) Qaamni bulchiinsichaa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) jalatti dirqama tumame bahuuf bu'uura yaada dhiyaaten foyya'iinsa gochuu yookin yaadicha yoo hin fudhanne ta'e sababa hin fudhanneef barreefama ibsu qopheessu qaba.

4) Qaamni bulchiinsichaa wixinee qajeelfamichaa osoo hin raggaasisin dura yaadni akka irratti kennamu Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaaf erguu qaba.

5) Abbaan Alangaa Waliigalaa Federaalaa wixinee qajeelfamichaa irratti yaada qabu guyyoota hojii 15 keessatti qaama bulchiinsichaaf erguu qaba. Abbaan Alangaa Waliigalaa yeroo murtaa'e kana keessatti yaada isaa yoo erguu baate yaada akka hin qabne lakkaa'amee adeemsi qajeelfamicha raggaasisuu itti fufa.

13. Garaagarummaa Wixinee Qajeelfamaa fi Qajeelfama Bahu Giddu Jiru

1) Qaamni bulchiinsichaa wixinee qajeelfamaa beeksisa irratti bahee waliin garaagarummaa bu'uraa yoo qabaate qajeelfamicha raggaasisuu hin danda'u; haa ta'u malee qajeelfama garaagarummaa bu'uraa qabuu baasuu yoo barbaade adeemsa qajeelfama baasuu addaan kutuun adeemsa qajeelfamni haaraan itti baahu hordofee jalqabuu hin dhorkamu.

2) Qajeelfamni xumura irratti qophaa'e wixinee qajeelfamaa beeksisa irratti bahe irraa garaagarummaa bu'uraa qaba kan jedhamu haalotni armaan gadii yoo guutamanii dha.

a) Daangaan raawwatiinsaa wixinee qajeelfamichaa haalaan yoo jijjiirame; yookin

b) Wixineen qajeelfamichaa dirqamoota haaraan itti dabalamee yoo argamee dha.

14. Ibsa Barreeffamaa

Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu yommuu qajeelfama baasu ibsa qajeelfamichaa odeeffannoowwan armaan gadii of keessatti qabate qopheessuu qaba: -

1) Bu'uura seeraa qajeelfamni itti bahee fi kaayyoo isaa;

2) Wixinee beeksisaan tatamsa'ee fi qajeelfama xumurame bahe gidduu garaagarummaan qabiyyee yoo jiraate jijjiirama taasifaman sababoota isaanii waliin yaadannoo barreeffamaan ibsu;

3) Wixinee qajeelfamichaa irratti yaadota dhiyaatanii fi guduunfaa tarkaanfilee fudhatamani.

15. Qabiyyee fi Caaseffama Qajeelfamaa

1) Qajeelfamni qaama bulchiinsaatiin bahu kamiyyuu Afaan Amaariffaa fi Ingliffaan kan qophaa'u yoo ta'u qabiyyee ijoo qajeelfamichaa irratti dabalatee kan armaan gadii qabachuu qaba: -

www.abyssinialaw.com

a) Tartiiba lakkoofsa qajeelfamichaa;

b) Madda aangoo seeraa qajeelfamichi bu'ureeffate;

c) Mata-duree gabaabaa qajeelfamichaa;

d) Hiika, daangaa raawwatiinsaa, tumaalee ijoo;

e) Tumaalee fooyya'insaa, haqiinsaa, cehuumsaa, turmaataa ilaallatan yoo qabaate;

f) Labsii kana keewwata 18 kan tumame akka eegametti ta'ee guyyaa qajeelfamichi itti bahee fi ragga'e.

2) Qajeelfamni kamiyyuu haala gabaabaa fi afaan ifa ta'een barreeffamuu qaba.

3) Qaamni bulchiinsaa daangaa aangoo isaa keessatti qajeelfamoota yookin dambiilee namuusaa qaama birootiin bahanii argaman waabeeffachuun gutumaan guututti yookin gariin kan mataa isaa gochuu ni danda'a.

4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (3)tiin billeettawwan qaama qajeelfamichaa ta'an uummataaf dhaqqabamaa taasisuu fi bu'uura keewwta 16tiin akka galmaa'u Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaaf erguu qaba.

16. Qajeelfama Galmeessuu

1) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baasee hojiirra osoo hin oolchin dura qajeelfamicha ibsa waliin Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaaf erguun akka galmaa'u gochuu qaba.

2) Abbaan Alangaa Waliigalaa Federaalaas bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin qajeelfama ergameef lakkoofsa kennuun ni galmeessa. Qajeelfamichi galmaa'uu isaa qaama bulchiinsichaatiif yeroodhuma sana beeksisuu qaba.

3) Abbaan Alangaa Waliigalaa Federaalaa qajeelfama galmeesse ibsa waliin galmeessee qaama bulchiinsichaatiif gaafa beeksisee jalqabee uummataaf banaa taasisuu qaba.

4) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu labsiin kun osoo hin bahin dura qajeelfama hojiirra jiru labsiin kun erga bahee yeroo guyyaa 90 hin caalle keessatti Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaatiif erguun akka galmaa'u gochuu qaba.

17. Dhaqqabamummaa Qajeelfamaa

1) Abbaan Alangaa Waliigalaa Federaalaa bu'uura labsii kana keewwata 16tiin qajeelfama galmeesse toora weebsaayitii isaa irratti kaa'uu qaba.

2) Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baase:

a) Maxxansuun qaamolee motummaa dhimmi ilaallatuu fi qooda-fudhattoota birootiif tamsaasuu; fi

b) Weebsaayitii isaarratti kaa'uu qaba.

3) Namni koppii qajeelfamichaa argachuu barbaadu kamiyyuu haala kaa'ametti ilaaluu yookin baasii isaa kanfaluun qaama bulchiinsichaa irraa kooppii argachuu ni danda'u.

18. Raawwatiinsa Qajeelfamaa

1) Qajeelfamni bu'uura labsii kanaa keewwata 16tiin hin galmoofnee fi bu'uura keewwata 17 (2) (b) tiin weebsaayitii qaama bulchiinsichaa irratti hin kaa'amne raawwatiinsa hin qabaatu.

2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin qajeelfamni raawwatiinsa dhabe akka

www.abyssinialaw.com

raawwatiinsa qabaatuuf kutaa kana kutaa xiqqaa lama jalatti adeemsa qajeelfamni ittiin bahuu qabu tumame hordofuun akka haaraatti akka bahu gochuun ni danda'ama.

19. Gamaaggama Raawwatiinsa Qajeelfamaa

Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baase ilaalchisee raawwii isaa yeroo yeroon gamaaggamuun tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu qabu.

KUTAA SADII
MURTIILEE BULCHIINSAA
KUTAA XIQQAA TOKKO
JALQABBII MURTII BULCHIINSAA

20. Murtii Bulchiinsaa Jalqabuu

1) Gaaffii murtiin bulchiinsaa akka kennamu dhiyaatu kamiyyuu nama dhimmichi ilaallatuun yookin bakka bu'aa isaatiin dhiyaachuu ni danda'a.
2) Murtiin bulchiinsaa qaama bulchiinsaa dhimmi ilaallatuun jalqabsiifamuu ni danda'a.

21. Haala Iyyannoon Murtii Bulchiinsaa itti dhiyaatu

1) Gaaffiin murtii bulchiinsaa barreeffamaan ta'ee akka haalaatti qaamaan, poostaa galmaa'een yookin mala elektroniksiitiin dhiyaachuu ni danda'a.
2) Iyyatni gaaffii murtiin bulchiinsaa naaf haa kennamuu barreeffamaan yommuu dhiyaatu kan armaan gadii qabaachuu qaba.
   a) Guyyaa, maqaa iyyata dhiyeessee yookin bakka bu'aa isaa, mallattoo fi teessoo;
   b) Maqaa hojii bulchiinsaa raawwatuu;
   c) Mirga yookin faayidaa iyyataa;
   d) Hojii dhaabbatni bulchiinsaa raawwachuu qabu;
   e) Hojii dhaabbatni bulchiinsaa raawwachuu qabuuf sababootaa fi ragoolee walqabataa bu'uura ta'an;
3) Qaamni bulchiinsaa foormii gaaffiin murtii bulchiinsaa ittiin dhiyaatu qopheessuu ni danda'a.

22. Ragaa Iyyannoo Fudhachuu

1) Qaamni bulchiinsaa iyyata dhiyaateef iyyaticha yommuu fudhatu iyyaticha fudhachuu isaatiif galmeessee ragaa mirkaneessaa kennuu qaba.
2) Ragaan mirkaneessaa kun iyyaticha fudhachuu isaatiifi tarree ragaa billeettawanii iyyata waliin dhiyaatan kan agarsiisu ta'uu qaba.

www.abyssinialaw.com

KUTAA XIQQAA LAMA
QAJEELTOOWWAN KENNIINSA MURTII BULCHIINSAA

23. Nama Murtii Bulchiinsaa Kennu

Namni murtii bulchiinsaa kennu hoogganaa ol'aanaa qaama bulchiinsichaa yookin hoogganaa yookin hojjataa qaama bulchiinsichaa aangoon keennameef qofa ta'uu qaba.

24. Daangaa Aangoo Seeraan Kenname kabajuu

Namni murtii bulchiinsaa kennu yommuu murtii kennu daangaa aangoo seeraan qaama bulchiinsichaatiif kenname darbuu hin qabu.

25. Madaallii Faayidaa Dhuunfaa fi Uummataa Eeguu

Namni murtii bulchiinsaa kennu madaallii faayidaa dhuunfaa maamila qaama bulchiinsichaa fi faayidaa uummataa kaayyoo qaamni bulchiinsichaa dhaabbateef eeguu qaba.

26. Dhimma yookin Fedhii Barbaachisaa hin Taaneen Durfamuu Dhiisuu

Namni murtii bulchiinsaa kennu dhimma yookin fedhii dhimmichaaf barbaachisaa hin taanen durfamuu hin qabu

27. Murtee Ogummaa Irratti Hundaa'e Kennuu

Namni murtii bulchiinsaa kennu namuusa ogummaan isaa gaafatu, carraaqii fi of eggannoo ogummichi ykn hojichi barbaadu kabajuu qaba.

28. Dhagahuu

Bu'uura labsii kana keewwata 23tiin namni murtii bulchiinsaa kennu osoo murtii bulchiinsaa hin kennin dura firii dubbii fi ragaa nama dhimmi ilaallatu haalaan dhaggeeffachuu fi qorachuu akkasumas akkaataa haalaatiin yaada mormii qaama sadaffaa fi uummataa dhaggeeffachuu qaba.

29. Yaada Qajeelaa

Namni murti bulchiinsaa kennu yaada qajeelaan murteessuu qaba.

30. Sababa Gahaa Kennuu

Namni murtii bulchiinsaa kennu murti bulchiinsaaf sababa gahaa kennu qaba.

31. Waldhabbii Faayidaa Hambisuu

Namni murtii bulchiinsaa kennu maamilaa waliin firummaa dhiigaa yookin gaa'ilaa kan qabu yoo ta'e yookin haala kaminiyyuu waldhabbii faayidaa kan itti fidu yoo ta'e dhimmicha ilaaluu irraa of qusachuu qaba.

32. Walqixxummaa tajaajilamtootaa kabajuu

Namni murtii bulchiinsaa kennu maamiltoota hunda sanyiin, sabaan, korniyaan, lugaan/afaaniin, amantiin, ilaalcha siyaasaan, ka'uumsa hawaasummaan, haala dhalootaa yookin sababa birootin loogii osoo hin taasisin murteessuu qaba.

www.abyssinialaw.com

33. Yeroodhaan Murteessuu

1) Namni murtii bulchiinsaa kennu murtii bulchiinsichaa osoo hin turin yeroo sirrii ta'e keessatti kennuu fi faayidaaleen dhimmicha waliin walqabatan sababa turmaata murtiitiin miidhaaf akka hin saaxilamne gochuu qaba.
2) Murtiin bulchiinsaa yeroo sirrii ta'etti osoo hin kennamin hafuun gaaffiin murtii bulchiinsaa akka kufaa ta'ee murtaa'etti lakkaa'ama.

34. Murtii Tilmaamamaa

Namni murtii bulchiinsaa kennu dhimmoota firiin dubbii walfakkaatoo ta'an haala walfakkaataa ta'een murteessuu qaba.

35. Iftoomina

Namni murtii bulchiinsaa kennu haalli adeemsa kenniinsa murtee iftoominaan taasisuu qaba.

KUTAA XIQQAA SADII
DHIMMICHA DHAGAHUU

36. Dhimmicha Dhagahuu

1) Murtiin bulchiinsaa kamiyyuu osoo hin kennamin dura dhimmichi haalaan dhagahamuu qaba.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jala kaan eeraame jiraatus; dhimmicha dhagahuun osoo hin barbaachisin murtii kennuun kan danda'amu:
   a) Falmiin firii dubbii irratti yoo hin jiraanne;
   b) Mirga addaa yoo ta'e yookin qaamni bulchiinsichaa haala filannootiin aangoo murteessuu yoo qabaate; yookin
   c) Dhimmichi yoo ariifachiisaa ta'e.

37. Haala dhimmichi itti dhagahamu

1) Dhimmi bulchiinsaa yommuu dhagahamu abbaan dhimmaa adeemsa falmii hunda irratti argamee:
   a) Ragaa Bahuu;
   b) Ragaa namootaa fi ragoolee biroo dhiyeessuu fi dhageessisuu;
   c) Ragoolee dhaabbatichaaf dhiyaatan dhagahuu fi qorachuuf mirga qaba.
2) Dhaabbatichi ragaa argachuuf nama falmii keessatti hirmaatu irraa; ragoolee irraa; ibsa ogeessaa; qorannoo billeettawanii fi ragoolee barbaachisoo ta'an kamiyyuu argachuuf maloota seeraa fayyadamuu ni danda'a.

38. Kaafamuu

1) Namni murti bulchiinsaa kennu sababoota armaan gadiitiin dhimmicha akka hin ilaalle kaafamuu ni danda'a.
   a) Dhimmicha iraa faayidaa kallattii yookin al-kallattii yoo qabaate;

www.abyssinialaw.com

b) Dhimmichi nama firooma dhiigaa yookin fuudhaaf heerumaa yookin nama dhiyootti isa beeku yoo ta'e yookin waldhabbii faayidaa namoota kanneenii yoo qabaate;

c) Dhimma ilaalamaa jiru irratti akka ogeessatti, akka bakka bu'aatti yookin abukaatoo dhuunfaa ta'uun kan hirmaate yoo ta'e;

d) Dhimmi ilaalamaa jiru hojjetaan murti jalaan ilaalee ol'iyyannoon yoo dhiyaateef;

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti sababootni dhiyaatan yoo jiraatan kaka'uumsa hojjataa murti kennuun yookin iyyata nama dhimmichi ilaallatuun dhimmicha akka hin ilaalle irraa kaafamuu ni danda'a.

3) Gaaffiin na irraa haa ka'uu yoo dhiyaateefi hoogganaan gaaffiin kun dhiyaateef murtii dhumaa hanga kennutti hojjataan akka dhimmicha hin ilaalle gaaffiin itti ka'e adeemsa murti kennu irraa dhorkame tura.

4) Hoogganaan gaaffiin nan ka'aa yookin naaf haa ka'uu dhiyaateef guyyoota hojii shan keessatti hojjataan kenniinsa murtii irraa akka ka'u yookin akka itti fufu murteessuu qaba.

KUTAA XIQQAA AFUR
MURTII BULCHIINSAA

39. Murtii Bulchiinsaa Abbaa Dhimmaaf Kennuu

Murtiin bulchiinsaa kamiyyuu sababa waliin abbaa dhimmaaf barreeffamuu qaba.

40. Murtii Bulchiinsaa

Murtiin bulchiinsaa kamiyyuu barreeffamaan ta'ee kan armaan gadii qabaachuu qaba

1) Guyyaa fi lakkoofsa murtii;

2) Maqaa qaama bulchiinsaa;

3) Teessoo namoota hirmaattota falmii ta'anii;

4) Ijoo dubbii falmii;

5) Xiinxala ragaa;

6) Xiinxala firii dubbii fi seeraa;

7) Murtii

41. Waa'ee Dhorkaa

1) Murtiin bulchiinsaa battalumatti raawwachuun isaa mirga yookin faayidaa namaa irratti miidhaa duubatti hin deebine kan qaqqabsiisu yoo ta'e namtichi murtiin akka hin raawwatamne qaama murtii kana kenneef iyyata dhorkii dhiyeessu ni danda'a.

2) Bu'uura keewwata kanaa keewwata xiqqaa (1)tiin qaamni bulchiinsaa iyyata fudhate akka haala isaatti dhimmichi irra deebiin akka ilaalamu yookin kutaa murtii kamiyyuu dhorkuu ni danda'a.

42. Nama Murtii Bulchiinsa Raawwatu

Murtiin bulchiinsaa kamiyyuu kan raawwatamu nama murtii kenneen yookin qaama ilaallatuuni.

www.abyssinialaw.com

KUTAA XIQQAA SHAN
KOMII MURTII BULCHIINSAA IRRATTI DHIYAATU

43. Mirga Komii Dhiyeessuu

Namni kamiyyuu murtii bulchiinsaa isa irratti kenname irratti qaama bulchiinsichaaf komii dhiyeessuuf mirga ni qaba.

44. Qaama Komii Keessummeessu Hundeessuu

Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qaama komii keessummeessu hundeessuu fi kanumas maamiltootaaf beeksisuu qaba.

45. Raawwii Murtii Bulchiinsaa Dhorkuu

Murtiin bulchiinsaa komiin irratti dhiyaate kamiyyuu qoratamee hanga murtaa'utti hin raawwatamu. Ta'us murtiin osoo hin raawwatamin turuun isaa uummata irratti miidhaa duubatti hin deebine kan qaqqabsiisu yoo ta'e hoogganaan ol'aanaa qaama bulchiinsichaa murtiin kun akka raawwatamu ajajuu ni danda'a.

46. Komii Qorachuu fi Murteessuu

1) Qaamni bulchiinsichaa komii keessummeessu komii dhiyaateef haalaan qorachuu fi yaadni murtii hogganaa ol'aanaa qaama bulchiinsichaatiif yookin hoogganaa inni bakka buuseef dhiyaachuu qaba.
2) Hogganaan ol'aanaa qaama bulchiinsichaa yookin hoogganaan inni bakka buusee yaada murtii qaama komii keessummeessuun dhiyaateef ilaaluun murtiin kenne murtii nulchiinsichaa isa dhumaa ta'a.

47. Murticha Tajaajilamaaf Beeksisuu

Qaamni bulchiinsichaa bu'uura labsii kanaa keewwata 46tiin murtii kenname yeroodhuma sana iyyataaf barreeffamaan kennamuu qaba.

KUTAA AFUR
QAJEELFAMOOTA FI MURTIILEE BULCHIINSAA MANA MURTIIN IRRA DEEBIIN ILAALUU
KUTAA XIQQAA TOKKO
JALQABBII IRRA DEEBIIN ILAALUU

48. Iyyata Irra Deebiin Ilaaluu Dhiyeessuu

Tumaaleen labsii kana keewwata 46 jalatti tumaman akkuma jiranitti ta'ee: -

1) Namni dhimmichi ilaallatu kamiyyuu qajeelfamni bulchiinsaa mana murtiin akka irra deebi'amee ilaalamuuf iyyata dhiyeessu ni danda'a.
2) Namni murtii bulchiinsaatiin faayidaan isaa jalaa tuqame kamiyyuu murtichi mana murtiin akka irra deebi'amee ilaalamuuf iyyata dhiyeessu ni danda'a.

www.abyssinialaw.com

49. Mana Murtii Iyyatni Irra Deebiin Ilaaluu Itti Dhiyaatu

1) Iyyatni qajeelfamni yookin murtiin bulchiinsaa akka mana murtiin irra deebi'amee ilaalamu kan dhiyaatu Mana Murtii Ol'aanaa Federaalatiif ta'a. Murtiin mana murtii kanaan kennamus isa dhumaa ta'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus qajeelfama bulchiinsaa ilaalchisee murtiin mana murtii ol'aanaa kenne irratti ol'iyyannoon Mana Murtii Waliigalaatiif dhiyaachuu ni danda'a.
3) Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa dhaddacha dhimma bulciinsaa iyyatoota irra deebiin ilaaluu kessummeessu ni gurmeessa.

KUTAA XIQQAA LAMA
QAJEELTOOWWAN IRRA DEEBIIN ILAALUU

50. Sababoota Irra Deebiin Ilaaluu

1) Qajeelfamni bulchiinsaa mana murtiin irra deebiin kan ilaalamu: -
   a) Labsii kana kutaa lama jalatti tumaalee adeemsaa kaa'aman osoo hin hordofin kan bahe yoo ta'e;
   b) Aangoo qaama bulchiinsichaatiin ala kan bahe yoo ta'e;
   c) Gulantaadhaan seerota biroo qajeelfamaa olitti argaman waliin kan walfaallessu yoo ta'e;
2) Murtiin bulchiinsaa mana murtiin irra deebi'ee kan qoratamu tumaalee qajeeltoowwanii labsii kana kutaa sadii jalatti tumaman yoo hin eegne ta'e.

51. Iyyatni Irra Deebiin Ilaaluu Kan Dhiyaatu Murtii Dhumaa Irratti Ta'uu Qaba

Iyyatni irra deebiin qorachuu mana murtiif kan dhiyaatu murtii bulchiinsaa isa dhuma ta'e qofa irratti.

52. Furmaata Bulchiinsaa Hunda fixuu

1) Seeraan haala biraatiin yoo hin tumamin; abbaan dhimmaa iyyata irra deebiin qorachuu mana murtiif dhiyeessu kamiyyuu iyyata isaa osoo hin dhiyeeffatin dura faloota bulchiinsaawaa qaama bulchiinsichaa keessa jiran hunda fixachuu qaba.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) jalatti kan tumame jiraatus qaamni bulchiinsichaa adeemsa fala bulchiinsaawaa kennuu yeroo hin malleef yoo tursiise ta'e fala bulchiinsawaa fixuun dirqama miti.

KUTAA XIQQAA SADII
ADEEMSA IRRA DEEBIIN ILAALUU

53. Yeroo Iyyatni Irra Deebiin Ilaaluu Itti Dhiyaatu

1) Bu'uura labsii kanaa keewwata 50 keewwata xiqqaa (1) (a)tiin qajeelfamni bulchiinsaa mana murtiin irra deebiin akka ilaalamu iyyatni dhiyaatu guyyaa qajeelfamichi itti ragga'ee kaasee kan lakkaa'amu guyyoota 90 keessatti dhiyaachuu qaba.

www.abyssinialaw.com

2) Bu'uura labsii kanaa keewwata 50 keewwata xiqqaa 1 (b) fi (c)tiin qajeelfamni bulchiinsaa mana murtiin irra deebiin akka ilaalamu iyyatni dhiyaatu yeroo kamiyyuu dhiyaachuu ni danda'a.

3) Iyyatni murtiin bulchiinsaa irra deebiin akka ilaalamuuf dhiyaatu abbaan dhimmaa murticha akka beeku guyyaa taasifameen jalqabee kan lakkaa'amu guyyoota 30 keessatti dhiyaachuu qaba.

54. Deebii Barreeffama Dhiyeessuu

Manni murtii iyyatni murtiin bulchiinsaa irra deebiin akka ilaalamu dhiyaatef iyyatichi qoratamuu qaba jedhee yoo amanu qaama bulchiinsaa komiin irratti dhiyaate guyyoota hojii 15 keessatti deebii barreeffamaan akka dhiyeessu ni ajaja.

55. Billeettawan Dhiyeessuu

Qaamni bulchiinsaa murtiin bulchiinsaa irra deebiin akka ilaalamu irratti dhiyaate qajeelfama yookin murtii komiin irratti dhiyaate ilaalchisee billeettawan barbaachisoo akka dhiyeessu manni murtii ajajuu ni danda'a.

KUTAA XIQQAA AFUR
HAALA MURTII FI RAAWWII IRRA DEEBIIN ILAALUU

56. Haala Murtiin Irra Deebiin Ilaaluu Itti Kennamu

1) Manni murtii iyyata irra deebiin ilaaluu hanga danda'ametti yeroo gabaabaa kessatti qoratee murtii kennamu qaba.

2) Manni murtii qajeelfama yookin murtii bulchiinsaa iyyatni irra deebiin akka ilaalamu irratti dhiyaate cimsuu yookin guutumaan guututti yookiin gariin diiguu ni danda'a.

3) Manni murtii qajeelfama yookin murtii bulchiinsaa iyyatni irra deebiin akka qoratamu irratti dhiyaate guutumaan guututti yookiin gariin yommuu diigu qaamni bulchinsichaa hanqinaalee mana murtiin akeekaman sirreessuun qajelfamicha irra deebiin akka baasu yookin fooyyessu yookin dhimma murtii irratti kennee ture irra deebiin qorachuun akka murteessu ajajuu ni danda'a.

57. Raawwii Murtii Irra Deebiin Ilaaluu

1) Murtii qajeelfama yookin murtii bulchiinsaa cimsuu yookin diiguu mana murtiin kenname battalumatti raawwatamu qaba.

2) Manni murtii qajeelfamni yookin murtiin bulchiinsaa akka fooyya'u yoo ajaje qaamni bulchiinsichaa labsii kana kutaa lamaa fi sadi jalatti tumaalee adeemsaa fi qajeeltoowwan kaa'aman kabajuun qajeelfamicha yookin murtii bulchiinsichaa fooyyessuu qaba.

3) Ajaja qajeelfamni yookin murtiin bulchiinsaa guutumaan guututti yookiin gariin diigu yookin fooyyessu mana murtiin yommuu kenname qajeelfama yookin murtii iyyatni irra deebiin qorachuu irratti dhiyaate guutumaan guututti yookin gariin humna seerummaa isaa ni hambisa.

4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan ibsame jiraatus; manni murtii qajeelfama yookin murtii bulchiinsaa tokko gariin yookin gutumaan guututti murtii diigu yommuu kennu qaamni bulchiinsichaa osoo qajeelfamicha hin diigin dura bu'uura qajeelfama diigameen murtiin kennaman akka cimanitti turu.

www.abyssinialaw.com

KUTAA SHAN
TUMAALEE ADDA ADDAA

58. Hojiirra Oolmaa Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

Dhimmota labsii kana kutaa afur jalatti hin haguugamne irratti Seerri Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa dhimmicha ilaallatu hojiirra kan oolu ta'a.

59. Beenyaa Gaafachuu

Sababa balleessaa qajeelfama yookin murtii bulchiinsaa waliin walqabateen namni miidhaan irratti qaqqabe kamiyyuu qaama bulchiinsaa qajeelfama sana baase yookin murticha kenne bu'uura seera ilaallatuun beenyaan akka kanfalamuuf gaafachuu mirga qaba.

60. Dirqama Odeffannoo Kennuu

Qaamni bulchiinsaa kamiyyuu qajeelfama baasuu yookin murtii bulchiinsaa kennuu fi kanneen raawwachuu waliin wal qabatee qaama seerawaa ta'een yommuu gaafatamu odeeffannoo kennuuf dirqama kennu.

61. Aangoo Dambii Baasuu

Manni Maree Ministeerotaa labsii kana raawwachisuuf dambii barbaachisu baasuu ni danda'u.

62. Yeroo Labsiin Kun Hojiirra Itti Oolu

Labsiin kun guyyaa Nagaarit Gaazeexaa Federaala irratti maxxanfamee bahe irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Finfinnee Bitootessa 29 bara 2012

Saahilawarq Zawudee

Pirezidaantii Federalawaa Dimokratawaa Rippablika Itiyoophiyaa